QJEELFAMA FURRII FUUDHUU

Isinirraa kan Barbaadamu...

Ujummoo ittiin fuutan

Korojoo pilaastikaa

Korojoo waraqaa

1 Dammaqaa

2 Affura 3 baafadhaa

3 Itti qufa'aa

4 Furrii gara korojootti tufaa

5 Afaan keessan ujummotti hingalchiinaa

6 Shiinii gara ujummootti qabsiisaa

7 Ujummoo maqaa fi guyyaatiin adda baasaa

8 Ujummoo korojoo pilaastikaa keessaa kaayaa

9 Korojoo pilaastikaa korojoo waraqaa keessa godhaa

10 Korojoo waraqaa sana firiijii keessa kaayaa

11 Guyya guyyaatti ujummoo (1) tokko tokko guyyota 3 tiif sassabaa

Giraafiksii Sagantaa TB Qajeelcha Fayyaa Kaawuntii Multnomah irraa

Afaan Oromoo

Qajeelfama furrii TB tiif fuudhuu

Qajeelfama furrii TB tiif fuudhuu



Orannoon furrii maaliif barbaachisa?

Hakiimni keessan furrii (qufaa utaalloo) keessanii kan sonba keessan irraa dhufu hanga ta'e fudhachuu barbaada. Labiraatooriin Jermii TB qabachuu isaa qorata.

Furrii keessan qorachuun akka isin dhukkuba TB qabdani fi hinqabne adda baasuuf mala filatama dha. Yoo duraanuu kan qoricha TB fudhachaa kan jirtan ta'e akka qorichi isin fudhachaa jirtan hojjecha jiru adda baasuuf furrii keessan qorachuun mala filatamaadha.

Akka qorannici sirrii ta'e mirkaneeffachuuf, somba keesan irraa akka furriin dhufutti qufa'uu qabdu. Furriin sonba keessan irraa dhufu yeroo hundaa furdaa fi lanqaqqa'adha. Ancufni afaan keessan keessaa dhufu qallaa fi kan bishaan qabudha. Ancufa hinfuudhiinaa.

Gorsa: Yoo furii qufaatanii baasauu dadhabdan shawurii ho'aa tiin ykn bishaan danfisati saaniitti godhaa itti afuura bafadhaa.

Akkamiin akka naamunaan furrii ittiin fudhatamu.

Hakiimni ykn narsiin keessan shiinii pilastikaa itti furrii kennitan isiniif kenninnu. Adeemsota kana hordofaa:

1. Shiiniichi baayyee qulqulluudha. Hanga fayyadamuu jalqabdanitti hinbanina.
2. Hanga ganama irribaa kaatanitti (waan tokko utuu hinnyaatiin ykn hindhugiin dura) ilkaan keessan burushiidhan miicaa ti afan keessan bishaaniin lulluuqqadhaa. Dhiiqtuu afaanii hinfayyadamiinaa.
3. Yoo kan dandeessan ta'e furrii kennuu keessaniin dura ala bahaa ykn fooddaa banaa. Kunis yommuu isin qufaatani jermiin TB gara namoota gara biraatti akka hindarbine taasisa.
4. Afuura gadi fageenyaan baafadhati qilleensa sekondii shaniif (5) ofkeessatti qabadhaa. Suuta jedhaati afuura baafadhaa. Afuura gadi fageenyaan gara keessaatti fudhadhati hanga furriin gara afan keessaniitti dhufutti eegaa.
5. Furrii kuustan gara ujummoo pilaastikaatti naqaa.
6. Hanga furriin keessan ujummoo pilaastikichaa irratti hanga mm 5 (ykn sanaa olii) ta'utti kana gochuu keessan itti fufaa. Kunis furrii fallana 1 ta'a.
7. Furrii kuusames akka hindhangalane godhaati qadaadaa.
8. Ala ujummoo sanaa dhiqaati gogsaa.
9. Ujummicha irratti guyyaa furrii itti kennitan barreessaa.
10. Ujummo sanas sanduuqa ykn korojoo narsiin isiniif kenne/kennite keessa kaa'a.
11. Ujummoo keessan kilinika ykn narsii keessanitti kennaa. Yoo barbaachisaa ta'e ujummoo keesan firiijii keessa halakan tokkoof kaa'uu dandeessu. Dilalla keessatti ykn haala qilleensaa mana keessaatti hindhiisiina.

Oregon Health Authority

RIMIDDII FAYYAA UUMMATAA

Barreeffama Sagantaa Ittisa fi Tu'annoo TB Qajeelcha Fayyaa Menisoottaa irra kan fudhatame.

Galmee kana afaan birootiin, maxxansa guddaan, bireeyliin yookaan bifa ati filattuun argachuu ni dandeessa. Lakkoofsa bilbilaa TB Control Program 503-358-8516. Qaban ni simanna ykn 711 irratti bilbiluu dandeessu.

OHA 8345 Oromo (8/2021)